

BARNOOTA HERREGAA

Kitaaba Barataa
Kutaa 2

ISBN 978-99944-2-154-1

BARNOOTA HERREGAA

Kitaaba Barataa
Kutaa 2

BARNOOTA HERREGAA

Kitaaba Barataa Kutaa 2

320
700
500
1000

+	0	1	2	3	4	5	6	7	8	9
0										
1										
2			4							
3										
4										
5						11				
6										
7										
8										
9					12					

75 - 24 = 51
70 + 12 = ?
5 × 10 = 50

7 l + 16 l = 23 l



Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

MOE



Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti
Ministeera Barnootaa



BARNOOTA HERREGAA

Kitaaba Barataa Kutaa 2

+	0	1	2	3	4	5	6	7	8	9
0										
1										
2			4							
3										
4										
5							11			
6										
7										
8										
9				12						

$75 - 24 = 51$

$70 + 12 = ?$

$5 \times 10 = 50$

$7l + 16l = 23l$

320

700


500

1000



Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

KITAABA KANA HAALA GAARIITIIN QABACHUUN ITTI GARGAARAMI.



Kitaabni kun qabeenya mana barumsaa keetii dha.

Akka miidhaa irra hingeessisne yookiin miidhaan akka irra hin geenye eeggadhu.

Kitaaba kana haala gaariitiin qabachuuf, qajeelfamoota armaan gadiitti fayyadam.

- 1 Kitaabicha gaazexaa, pilaastikii yookaan waraqaadhuma argatte itti huffisi.
- 2 Kitaabicha yeroo hunda bakka gogaa fi qulqulluu ta'e kaa'i.
- 3 Kitaabicha yeroo hunda harka qulqulluutiin qabadhu.
- 4 Qola isaa irratti yookaan keessa isaatti hoomayyu hin barreessiin.
- 5 Bakka booda banachuu barbaaddu kaardiin yookaan waraqa gabaabaa keessa kaa'uun mallattoo taasifadhu.
- 6 Fuula tokko yookiin fakkii tokkollee keessaa tarsaasuuf hin yaaliin.
- 7 Fuulli tarsa'e yoo jiraate, haphee yookiin pilaasteriin deebisii walqabsiisi.
- 8 Karaa irrattiis haala kitaabichi hin miidhamneen qabadhu.
- 9 Kitaabicha yommuu nama biraatti kennitu eeggadhu.
- 10 Kitaaba haaraatti yeroo duraatiif yommuu gargaaramtu, kitaabicha, dugdaan ciibsi si'a tokko fuulota muraasa qofa galagalchi. Suuta jedhii jidduu kitaabichaa harkaan gadi qabi. Haalli kunis qolli kitaabichaa akka hin miidhamne gargaara.



BARNOOTA HERREGAA

KITAABA BARATAA

KUTAA LAMMAFFAA

Barreessaan

Daadhii Asaffaa
Addaamuu Nyaaroo
Abarraa Balaay
Taaddasaa Gammachuu

Madaaltota

Xilaahun Alamuu
Aliyyi Uluu
Laggasaa Tarrafaa



Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti
Ministeera Barnootaa



Kanmaxxfanfame ALI bara 2003 Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa jalatti piroojektii fooyya'insa Barnoota waliigalaatinidha. Piroojeektiin kunis maallaqaan kan deggeramu dhaabbilee IDA credit number 4335-ET, the Fast Track Initiative Catalytic Fund fi Mootummoota Finland, Italy, Netherlands fi United kingdom dha.

© 2011 Mirgi kan Ripaabilikii Federaalawaa Dimookiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaati. Mirgi hundi eegamaadha. Kutaan kitaaba kanaa kamtuu hayyama abbaa mirgaa, Ministeera Barnootaa yookiin haala labsii Ripaabillikii Federaalawaa Demookiraatawaa Itoophiyaa, Negaariit Gaazexaa lakkoofsa labsii 410/2004 – labsii qabeenyi sammuu yookiin mirga ollummaan qabu eegsisuun kan inni hayyameef irraa barreeffamaan kennamuun alatti baay'isuun, haala addaatiin ittigargaaramuuf kaawwachuun, elektirooniksiin, magineetiin, sagaleenii fi wantoota kana fakkaatan birootiin baay'isuun yookiin kuusuun dhorkaadha.

Ministeerri Barnootaa qaamota gareewwanii fi namoota kitaaba kana maxxansiisuu irratti qooda fudhatanii fi boodas qajeelcha barsiisaa itti dabalaa galatoomfachuu barbaada.

Wantoota akka hinfudhatamne mirgi isaanii eegame tokko tokko hayyamnaan kana keessa galaniiru. Abbaa mirgaa wantoota kanaa ta'ee kan sirriitti hin ibsamiin yoo jiraate, Ministeera Barnootaa, Arat-kiiloo, Lakkoofsa saanduqaa 1367, Addis Ababa jedhee nuuf barreessuu danda'a.

Qophaa'ee kan maxxanfame

STAR EDUCATIONAL BOOKS DISTRIBUTORS Pvt. Ltd.

24/4800, Bharat Ram Road, Daryaganj,

New Delhi – 110002, INDIA

fi

ASTER NEGA PUBLISHING ENTERPRISE

P.O. Box 21073

ADDIS ABABA, ETHIOPIA

under GEQIP Contract No. ET-MoE/GEQIP/IDA/ICB/G-07/09.

ISBN 978-99944-2-154-1

Baafata

Boqonnaa 1 IDA'UU FI HIR'ISUU HAMMA 100TTI..... 1

- 1.1 Keessa Deebii Lakkoofsota Hundaa Hamma 100tti 1
- 1.2 Keessa Deebii Ida'uu Fi Hir'isuu Lakkoofsota Hundaa Hamma 20tti 10
- 1.3 Hambifannaa Malee Ida'uu fi Liqeeffannaa Malee Hir'isuu 16
- 1.4 Lakkoofsota Dijitii Lamaa Irratti Kan Dijitii Tokkoo Ida'uu fi Kan Dijitii Lamaa Irraa Kan Dijitii Tokkoo Hir'isuu 22
- 1.5 Lakkoofsota Dijitota Lamaa Hambifannaa Malee Ida'uu fi Liqeeffannaa Malee Hir'isuu 29
- 1.6 Lakkoofsota Dijitota Lamaa Hambifannaan Ida'uu fi Liqeeffannaan Hir'isuu 34
- 1.7 Pirobleemota Jechaa Ida'uu fi Hir'isuu Hamma 100tti Of Keessaa Qaban..... 39

Boqonnaa 2 BAAY'ISUU FI HIRUU HAMMA 100TTI ... 41

- 2.1 Keessa Deebii Hambifannaa Malee 2 fi 10'n Baay'isuu fi Haftee Malee 2 fi 10'f Hiruu 41
- 2.2 0 fi 1'n Baay'isuu fi 1'f Hiruu 48
- 2.3 3, 4, 5, 6, 7, 8 fi 9'n Baay'isuu fi Hiruu..... 51

Boqonnaa 3 SAFAROOTA DHEERINAA, DHANGALA'OO FI HANGAA..... 73

- 3.1 Dheerina 'cm' fi 'm'n safaruu 73
- 3.2 cm fi m Ida'uu fi Hir'isuu 74
- 3.3 Dhangala'oo Liitiriin Safaruu 75
- 3.4 Hanga Kiiloogiramiin Safaruu 77

Boqonnaa 4 SEENSA FIRAAKSHINOOTAA..... 79

- 4.1 Keessa Deebii Walakkaawwanii, Kurmaanotaa fi Siisoowwanii.....79
- 4.2 Guutuuwanii fi Firaakshinoota Mallattooleen.....81

Boqonnaa 5 LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA 1000TTI 83

- 5.1 Baay'attoota 10083
- 5.2 Lakkoofsota Hundaa 101 Hamma 1000 fi Gatii Bakkaa Isaanii85
- 5.3 Tariiba Lakkoofsota Hundaa Hamma 1000tti88

Boqonnaa 6 TUQAALEE, SARAROOTAA FI BOCOOTA 90

- 6.1 Sarartuutti Fayyadamuun Sarara Fakkeessuu 90
- 6.2 Rektaangiloota, Rogsadeewwan, Iskuweerota,Geengoowwanii fi Bocaalee 93

Boqonnaa 7 MAALLAQA ITOOPHIYAA 97

- 7.1 Maallaqa Ida'uu fi Hir'isuu 97
- 7.2 Bittaa fi Gurgurtaa..... 100

Boqonnaa 8 YEROO 101

- 8.1 Yeroo Sa'aatiin, Walakkaa sa'aatii fi Kurmaana Sa'aatiin Himuu 101
- 8.2 Sa'aatii fi Daqiiqaa 105

Boqonnaa 9 QABANNAA DAATAA FI PAATARNII 106

- 9.1 Daataa Sasalphoo 106
- 9.2 Paatarnii Sasalphoo 107

Boqonnaa

1

$$75 - 24 = 51$$

$$170 + 12 = ?$$

IDA'UU FI HIR'ISUU
HAMMA 100TTI

1.1 KEESSA DEEBII LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA 100TTI

GOCHA 1.1


- 1 Barattoonni kutaa lamaffaa biqiltuu dhaabanitti dallaa ijaaruuf mukoota xixiqqoo fidanii turan. Badhaatuun mukoota xixiqqoo 27 yoo fidde kurnan meeqaa fi tokkee meeqatti hidhuu dandeessi?
- 2 Lakkoofsota armaan gadii hamma dhibbaatti jiran gabatee irratti guuti.

1					6			9	
	12								
						27			
		33							
41									
								59	
							68		
						77			
	82								
								99	


Fakkeenya 1

Kurnanii fi Tokkeewwaniin Lakkaa'uu

Simbirroota meeqa qabna?



Mee kudhan kudhaniin qoqqoodi. Kudhan meeqa argatte?



$$31 = \text{kudhan } 3 + \text{tokkee } 1 = 30 + 1$$

GILGAALA 1.1


Lakkoofsotni armaan gadii kurnan meeqaa fi tokkee meeqa akka qaban ibsi.

- 1 42 = Kurnan _____ fi tokkeewwan _____
- 2 36 = Kurnan _____ fi tokkeewwan _____
- 3 67 = Kurnan _____ fi tokkeewwan _____
- 4 85 = Kurnan _____ fi tokkeewwan _____
- 5 78 = Kurnan _____ fi tokkeewwan _____

Fakkeenya 2

Lakkoofsaan yommuu ibsaman

- 1 Kudhan 1 + tokkeewwan 4 = 14
- 2 Kudhan 1 + tokkeewwan 8 = 18
- 3 Kurnan 2 + tokkeewwan 9 = 29
- 4 Kurnan 3 + tokkeewwan 2 = 32
- 5 Kurnan 7 + tokkeewwan 8 = 78

Gatii Bakkaa

Lakkoofsonni hundaa dijiitota lama qaban gatii bakka tokkee fi kurnaniitiin ibsamu. Gatii bakka tokkee qubee T dhaan bakka buufanna. Kan kudhanii immoo qubee K dhaan bakka buufnna.

Fakkeenya 3

Gatii bakkaa ibsuu

- 42 keessatti gatiin bakka 2 tokkee yoo ta'u, gatiin bakka 4 immoo kurnani dha.

GILGAALA 1.2

Fakkiwwan armaan gadii keessa kurnan meeqaa fi tokkee meeqatu jira?

1

Kurnan <u>2</u>		Tokkeewwan <u>4</u>

2

Kurnan <u> </u>			Tokkeewwan <u> </u>

3

Kurnan <u> </u>			Tokkeewwan <u> </u>

4

★ ★	★ ★	★ ★	★ ★	★ ★ ★ ★ ★ ★
★ ★	★ ★	★ ★	★ ★	
★ ★	★ ★	★ ★	★ ★	
★ ★	★ ★	★ ★	★ ★	
★ ★	★ ★	★ ★	★ ★	
Kurnan _				Tokkeewwan _

5 Kudhan tokko, tokkeewwan meeqa ta'a?

6 Kurnan lama, tokkeewwan meeqa ta'a?

GILGAALA 1.3*Lakkoofsa armaan gadii gatii bakkaatiin addaan baasii barreessi.*

Lakkoofsa	Kurnan(K)	Tokkee(T)
14		
17		
25		
36		
47		
59		
67		
38		
43		
68		
82		

GOCHA 1.2

Lakkoofsota gabatee keessatti kennamanitti fayyadamuun gaaffilee armaan gadii deebisi.

1	2	3	4	5	6	7	8	9	10
11	12	13	14	15	16	17	18	19	20
21	22	23	24	25	26	27	28	29	30
31	32	33	34	35	36	37	38	39	40
41	42	43	44	45	46	47	48	49	50
51	52	53	54	55	56	57	58	59	60
61	62	63	64	65	66	67	68	69	70
71	72	73	74	75	76	77	78	79	80
81	82	83	84	85	86	87	88	89	90
91	92	93	94	95	96	97	98	99	100

- 1 14, 23, 68 fi 88 jala sarari.
- 2 Sagalee kee ol fuudhuun lakkoofsota halluu diimaadhaan barreeffaman barsiisaa/barsiiftuu keetiif dubbisi.
- 3 Kanneen cuquliisaan barreeffaman jechaan barreessi.
- 4 Kanneen magariisaan barreeffaman jechaan barreessi.

GILGAALA 1.4

1 *Lakkoofsota armaan gadii jechaan barreessi.*

a	20	
b	30	Soddoma
c	40	
d	50	
e	60	
f	70	
g	80	
h	90	

2 *Lakkoofsota armaan gadii jechaan barreessi.*

a	15	
b	17	Kudha torba
c	24	
d	29	
e	36	
f	38	
g	43	Afurtamii sadii

3 *Kanneen armaan gadii lakkoofsaan barreessi.*

- a Soddomii sadii = _____ b Shantamii torba = _____
 c Torbaatamii tokko = _____ d Afurtamii ja'a = _____
 e Kudha lama = _____

4 Haala armaan oliitti fayyadamuun lakkoofsota 20 hamma 100tti jiran kutaa keessatti barsiisaa/ttuu keetiif dubbisi.

Hariiroo Lakkoofsota Hundaa

Lakkoofsota hundaa waliin madaalchisuun ni danda'ama. Kanaaf ammoo mallattoolee “<” irra xiqqaa, “>” irra guddaa fi “=” walqixaatti fayyadamna.


GOCHA 1.3

1 *Dabbara kee irratti xiyya lakkoofsaa hojjechuun kanneen armaan gadii walmadaalchisi.*

- a 13 fi 17 walmadaalchisi. Kamtu caala? Deebii kee mallattoolee < yookiin > fayyadamuun deebisi.
- b 34 fi 24 walmadaalchisi. Kamtu caala?
- c 76 fi 68 walmadaalchisi. Kamtu caala?

2 *Lakkoofsota kennaman abakasiitti fayyadamuun walmadaalchisi.*

a $46 \square 55$



b $87 \square 76$

c $45 \square 63$

d $26 \square 33$

e $93 \square 88$

GOCHA 1.4

1 *Lakkoofsota armaan gadii xiqqaa irraa gara guddaatti tartiibessi.*

56 24 34 78 14 90 18

2 *Lakkoofsota armaan gadii guddaa irraa gara xiqqaatti tartiibessi.*

31 12 57 26 19 73 85

Hubadhu

⇒ Lakkoofsi dijiitota lamaa lakkoofsa dijiitii tokkoo ni caala.

Fakkeenyaaf: $24 > 9$.

⇒ Lakkoofsonni lachuu abbaa dijiitota lamaa yoo ta'an jalqaba gatii bakka kudhaniin walmadaalchisna. Lakkoofsi gatii bakka kudhaniitiin caalu guddaadha.

Fakkeenyaaf: $56 > 48$


⇒ Gatiin bakka kudhanii yoo walqixa ta'an gatii bakka tokkeetiin walmadaalchisna.

Fakkeenyaaf: $87 > 83$

Fakkeenya 4

14 fi 18 fudhadhu. 14 moo 18tu caala?

Mee fakkiiwwan 14 fi 18 haa fudhannu.



Kana yommuu dubbifnu “14 irra xiqqaa 18 “jenna.

Lakkoofsota kanneen waliin madaalchisuuf xiyya lakkoofsaatti fayyadamuun ni danda'ama. Mee xiyya lakkoofsa irratti 14 fi 18 haa agarsiisnu.



14 gara bitaa 18 waan ta'eef, $14 < 18$ ta'a.

GILGAALA 1.5

1 Lakkoofsota hundaa 10 hamma 30tti jiran xiyya lakkoofsaa irratti tartiibessuun agarsiisi.

2 *Bakka duwwaa irratti “<”, yookiin “=” yookiin” >” guuti.*

- a 3 __ 4 b 8 __ 8 c 14 __ 17 d 19 __ 21
 e 26 __ 24 f 37 __ 37 g 42 __ 44 h 56 __ 58
 i 87 __ 90 j 92 __ 79

1.2 KEESSA DEEBII IDA’UU FI HIR’ISUU LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA 20TTI

1.2.1 KEESSA DEEBII IDA’UU LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA 20TTI

GOCHA 1.5


Gabatee armaan gadii dabtara kee irratti garagalchuun ida’ama isaanii guuti.

+	0	1	2	3	4	5	6	7	8	9
0										
1										
2			4							
3										
4										
5							11			
6										
7										
8										
9				12						

Fakkeenya 5

Lakkoofsota hamma 20tti ida'uu

8 + 6 haa fudhannu.



GILGAALA 1.6

Bakka duwwaa lakkoofsa himicha dhugoomsuun guuti.

- 1 $5 + 5 = \underline{\quad}$ 2 $6 + 6 = \underline{\quad}$ 3 $10 + 10 = \underline{\quad}$
 4 $2 + \underline{\quad} = 12$ 5 $12 + \underline{\quad} = 17$ 6 $4 + \underline{\quad} = 19$
 7 $\underline{\quad} + 4 = 20$ 8 $\underline{\quad} + 5 = 15$ 9 $15 + 4 = \underline{\quad}$
 10 $9 + 10 = \underline{\quad}$

GILGAALA 1.7

Gabatee armaan gadii guuti.


	+ 3
6	9
12	
15	18
9	
14	
8	
11	
16	
17	

Fakkeenya 6

Xiyya lakkoofsaatti fayyadamuun ida'uu

1 Xiyya lakkoofsaa irratti $5 + 4$ ida'i.


Jalqaba 5 xiyya lakkoofsaa irratti agarsiisi. Isa booda ramaddii 4 gara mirgaatti deemi. Kan irra geesse ida'ama ta'a.



Kanaafuu $5 + 4 = 9$ ta'a.

2 Xiyya lakkoofsaarratti $13 + 5$ ida'i.

Jalqaba 13 xiyya lakkoofsaa irratti agarsiisi. Isa booda ramaddii 5 gara mirgaatti deemi. Kan irra geesse ida'ama ta'a.



Kanaafuu $13 + 5 = 18$.

GILGAALA 1.8

Kanneen armaan gadii xiyya lakkoofsaatti fayyadamuun ida'i.

1 $3 + 4$

2 $5 + 6$

3 $9 + 2$

Hubadhu:

Zeeroo lakkoofsa hundaa tokko irratti yoo idaane firiin isaa lakkoofsuma sana ta'a.

Fakkeenya 7

Lakkoofsota hundaa fi zeeroo ida'uu

$4 + 0 = \underline{4}$

GILGAALA 1.9

Bakka duwwaa guuti.

1 $3 + 0 = \underline{\hspace{2cm}}$

2 $10 + 0 = \underline{\hspace{2cm}}$

3 $12 + 0 = \underline{\hspace{2cm}}$

4 $\underline{\hspace{2cm}} + 0 = 15$

5 $7 + \underline{\hspace{2cm}} = 7$

6 $9 + \underline{\hspace{2cm}} = 9$

7 $6 + 0 = \underline{\hspace{2cm}}$

8 $0 + 7 = \underline{\hspace{2cm}}$

9 $0 + 0 = \underline{\hspace{2cm}}$

10 $17 + 0 = \underline{\hspace{2cm}}$

GILGAALA 1.10

Ida'ama birkii armaan gadii guuti.





Ida'amni lakkoofsota wal cinaa kan isaanii olii ta'a.

Fakkeenyaaf:

$12 + 5 = 17$

$3 + 2 = 5$

$10 + 2 = 12$



1.2.2 KEESSA DEEBII HIR'ISUU LAKKOOF SOTA HUNDAA HAMMA 20TTI

GOCHA 1.6

- 1 Lakkoofsota 0 hamma 20 xiyya lakkoofsaa irraatti agarsiisi.
- 2 12 irraa jalqabuun ramaddii 5 gara duubatti deemi. Meeqa argatte?
- 3 $12 - 5 = \underline{\hspace{2cm}}$

Fakkii armaan gadii sirritti ilaali.



Xiyyaarota 9 qabna. Yoo xiyyaaronni 2 biraa ka'anii balali'an xiyyaerotii 7tu hafa.

Kunis



$$9 - 2 = 7$$

GILGAALA 1.11***Kanneen armaan gadii hir'isi.***

1 $5 - 2 = \underline{\quad}$

2 $4 - 1 = \underline{\quad}$

3 $9 - 5 = \underline{\quad}$

4 $11 - 4 = \underline{\quad}$

5 $15 - 9 = \underline{\quad}$

6 $12 - 3 = \underline{\quad}$

7 $15 - 7 = \underline{\quad}$

8 $12 - 5 = \underline{\quad}$

9 $14 - 7 = \underline{\quad}$

10 $13 - 5 = \underline{\quad}$

11 $15 - 5 = \underline{\quad}$

12 $10 - 8 = \underline{\quad}$

Fakkeenya 8***Piroobileemii jechaa***

Tolasaan kitaaba 17 bitachuu barbaada. Kanneen keessaa 6 yoo bitate kitaabota meeqatu isa hafa?

Deebii:

$$17 - 6 = 11$$

Kitaabota 11tu isa hafa.

GILGAALA 1.12***Piroobileemota armaan gadiif deebii barbaadi.***

1 Obbo Roobaan ijoollee lama qabu. Isa tokkoof burtukaanota 6, isa lammaffaaf ammoo burtukaanota 8 bitani. Walumatti Obbo Roobaan burtukaanota meeqa bitani?

2 Gatiin saamunaa tokkoo qarshii 12, gatiin anqaaquu (buuphaa) tokkoo qarshii 1 yoo ta'e, walumatti gatiin saamunaa tokkoo fi anqaaquu tokkoo qarshii meeqa ta'a?

3 Faaxumaan barattuu kutaa lammaffaati. Obboleettiin ishee muuzota 10 bitteef, isheen immoo oboleessa isheetiif muuzota 4 yoo kenniteef, Faaxumaaf muuzota meeqatu hafaaf?

4 Obbo Tolasaan mucaa isaaniitiif dabtara qarshii 10'n qubeessaa qarshii

3'n fi sarartuu qarshii 2'n bitaniif. Walumatti Obbo Tolasaan qarshii meeqa baasan?

- 5 Milkiin qarshii 14 qaba ture. Qarshii 6'n yoo kitaaba bitate, qarshii meeqatu hafaaf?
- 6 Obbo Urgeessaan hoolota 15 qabu. Hoolota 6 yoo gurguratan 2 ammoo ilma isaaniitiif yoo kennan hoolota meeqatu hafaaf?
- 7 Aadam qarshii 8 qaba ture. Haati isaa qarshii 9 itti dabalaniif. Aadam qarshii 7'n dabbara yoo bitate, qarshii meeqatu hafaaf?

1.3 HAMBIFANNAA MALEE IDA'UU FI LIQEEFFANNAA MALEE HIR'ISUU

1.3.1 LAKKOOFSA DIJITOTA LAMAA FI KAN DIJITII TOKKOO HAMBIFANNAA MALEE IDA'UU

Lakkoofsota dijiitii tokkoo fi dijiitota lama qaban tooftaalee adda addaatiin walitti ida'uun ni danda'ama. Tooftaalee kanneen fakkeenya fudhachuun haa ilaallu.

Fakkeenya 9

$$\begin{aligned} 1 \quad 15 + 4 &= 10 + 5 + 4 \\ &= 10 + 9 \\ &= \underline{19} \end{aligned}$$

$$\begin{aligned} 2 \quad 62 + 5 &= 60 + 2 + 5 \\ &= 60 + 7 \\ &= \underline{67} \end{aligned}$$

$$\begin{aligned} 3 \quad 26 + 2 &= 20 + 6 + 2 \\ &= 20 + 8 \\ &= \underline{28} \end{aligned}$$

$$\begin{aligned} 4 \quad 94 + 3 &= 90 + 4 + 3 \\ &= 90 + 7 \\ &= \underline{97} \end{aligned}$$

GILGAALA 1.13

Fakkeenya armaan olii hordofuun kanneen armaan gadii ida'i.

- 1 $14 + 3 = \underline{\quad}$ 2 $23 + 7 = \underline{\quad}$ 3 $35 + 3 = \underline{\quad}$
 4 $48 + 1 = \underline{\quad}$ 5 $54 + 5 = \underline{\quad}$ 6 $66 + 2 = \underline{\quad}$
 7 $82 + 7 = \underline{\quad}$ 8 $94 + 3 = \underline{\quad}$ 9 $73 + 6 = \underline{\quad}$
 10 $44 + 2 = \underline{\quad}$

Tooftaan biraa lakkoofsota dijiitii tokkoo fi kan dijiitota lamaa ida'uuf gargaaru gatii bakkaati. Kanas fakkeenya armaan gadiitiin haa ilaallu.

Fakkeenya 10

Gatii bakkaatti fayyadamuun ida'uu

- a $15 + 2 = \underline{\quad}$ b $23 + 5 = \underline{\quad}$ c $64 + 1 = \underline{\quad}$

a

K	T
1	5
	2
1	7

b

K	T
2	3
	5
2	8

c

K	T
6	4
	1
6	5

GILGAALA 1.14

Fakkeenya armaan olii hordofuun kanneen armaan gadii ida'i.

1

K	T
1	7
	2
1	9

2

K	T
2	3
	4

3

K	T
3	4
	2

4	5	6
$\begin{array}{ c c } \hline K & T \\ \hline + 4 & 5 \\ \hline & 1 \\ \hline \end{array}$	$\begin{array}{ c c } \hline K & T \\ \hline + 6 & 8 \\ \hline & 1 \\ \hline \end{array}$	$\begin{array}{ c c } \hline K & T \\ \hline + 7 & 3 \\ \hline & 5 \\ \hline \end{array}$
=====		
7	8	
$\begin{array}{ c c } \hline K & T \\ \hline + 8 & 5 \\ \hline & 2 \\ \hline \end{array}$	$\begin{array}{ c c } \hline K & T \\ \hline + 9 & 2 \\ \hline & 6 \\ \hline \end{array}$	
=====		

1.3.2 LAKKOOFSA DIJITOTA LAMAA IRRAA LAKKOOFSA DIJITII TOKKOO LIQEEFANNA MALEE HIR'ISUU

Lakkoofsota dijiitota lama qaban irraa lakkoofsota dijiitii tokko qaban hir'isuuf tooftaalee adda addaatti gargaaramuu ni dandeenya.

Fakkeenya 11

a $15 - 4 = 10 + 5 - 4$
 $= 10 + 1$
 $= \underline{11}$

b $28 - 7 = 20 + 8 - 7$
 $= 20 + 1$
 $= \underline{21}$

c $39 - 5 = 30 + 9 - 5$
 $= 30 + 4$
 $= \underline{34}$

d $87 - 4 = 80 + 7 - 4$
 $= 80 + 3$
 $= \underline{83}$

GILGAALA 1.15

Fakkeenya armaan olii hordofuun kanneen armaa gadii hir'isi.

1 $16 - 3 = \underline{\quad}$ 2 $28 - 4 = \underline{\quad}$ 3 $35 - 1 = \underline{\quad}$

4 $49 - 2 = \underline{\quad}$ 5 $57 - 5 = \underline{\quad}$ 6 $64 - 3 = \underline{\quad}$

7 $76 - 4 = \underline{\quad}$ 8 $88 - 6 = \underline{\quad}$ 9 $97 - 5 = \underline{\quad}$

10 $66 - 5 = \underline{\quad}$

Lakkoofsota dijiitota lama qaban irraa lakkoofsota dijiitii tokko qaban hir'isuuf gatii bakkaatti gargaaramuus ni dandeenya.

Fakkeenya 12

Gatii bakkaatti fayyadamuun hir'isuu

a Hir'isi: $36 - 4 = \underline{\quad}$.

K	T
3	6
	4
3	2

Jalqaba 6 irraa 4 hir'isi. 2 argatta. 2 mana tokkee keessatti barreessi.

Itti aansuun 3 mana kudhanii keessatti barreessi. Kana booda, $36 - 4 = 32$ argatta.



b Hir'isi: $76 - 5 = \underline{\quad}$

K	T
7	6
	5
7	1

Jalqaba 6 irraa 5 hir'isi. 1 argatta. 1 mana tokkee keessatti barreessi.

Itti aansuun 7 mana kudhanii keessatti barreessi. Kana booda, $76 - 5 = 71$ argatta.



GILGAALA 1.16

Fakkeenya armaan olii hordofuun kanneen armaan gadii hir'isi.

$$1 \quad - \begin{array}{|c|c|} \hline K & T \\ \hline 1 & 7 \\ \hline & 4 \\ \hline \end{array} \quad 2 \quad - \begin{array}{|c|c|} \hline K & T \\ \hline 2 & 6 \\ \hline & 3 \\ \hline \end{array} \quad 3 \quad - \begin{array}{|c|c|} \hline K & T \\ \hline 3 & 6 \\ \hline & 4 \\ \hline \end{array}$$

$$4 \quad - \begin{array}{|c|c|} \hline K & T \\ \hline 4 & 5 \\ \hline & 2 \\ \hline \end{array} \quad 5 \quad - \begin{array}{|c|c|} \hline K & T \\ \hline 5 & 8 \\ \hline & 5 \\ \hline \end{array} \quad 6 \quad - \begin{array}{|c|c|} \hline K & T \\ \hline 6 & 5 \\ \hline & 4 \\ \hline \end{array}$$

$$7 \quad - \begin{array}{|c|c|} \hline K & T \\ \hline 7 & 9 \\ \hline & 5 \\ \hline \end{array} \quad 8 \quad - \begin{array}{|c|c|} \hline K & T \\ \hline 8 & 7 \\ \hline & 3 \\ \hline \end{array} \quad 9 \quad - \begin{array}{|c|c|} \hline K & T \\ \hline 9 & 6 \\ \hline & 1 \\ \hline \end{array}$$

Fakkeenya 13

Hir'isuu ida'uudhaan mirkaneeffachuun ni danda'ama

- a $19 - 2 = 17$ akkasumas $17 + 2 = 19$
- b $29 - 1 = 28$ akkasumas $28 + 1 = 29$
- c $25 - 4 = 21$ akkasumas $21 + 4 = 25$

GILGAALA 1.17

Kanneen armaan gadiif hima wal qixaa hir'isuu barreessi.

- 1 $16 + 2 = 18$ akkasumas $18 - 2 = 16$.
- 2 $38 + 1 = 39$ akkasumas _____
- 3 $64 + 2 = 66$ akkasumas _____
- 4 $74 + 5 = 79$ akkasumas _____
- 5 $92 + 6 = 98$ akkasumas _____

Fakkeenya 14

Dhugaa armaan gadii shaakali

- a $14 - 6 = 8$ waan ta'eef $14 - 8 = 6$
- b $12 - 9 = 3$ waan ta'eef $12 - 3 = 9$

GILGAALA 1.18

Kanneen armaan gadii haala armaan oliitiin hojjadhu.

- 1 $18 - 4 = 14$ waan ta'eef $18 - 14 =$ _____
- 2 $16 - 7 = 9$ waan ta'eef $16 - 9 =$ _____
- 3 $11 - 5 = 6$ waan ta'eef $11 - 6 =$ _____
- 4 $21 - 12 = 9$ waan ta'eef $21 - 9 =$ _____
- 5 $24 - 13 = 11$ waan ta'eef $24 - 11 =$ _____

GILGAALA 1.19

Pirobileemota armaan gadiif deebii barbaadi.

- 1 Obbo Tulluun bara darbe biqiltuu ejersaa 24 dhaabani turan. Bara kana ammoo biqiltuu ejersaa 5 dhaaban. Walitti Obbo Tulluun biqiltuu meeqa dhaaban?
- 2 Aadde Dammeen re'oota 36 qabu. Re'een isaanii tokko ilmoolee 2 yoo dhalte, walitti re'oota meeqa godhatan?

- 3 Caalaan qarshii 46 qaba. Qarshii 5'n yoo dabtara bite, qarshii meeqatu hafaaf?
- 4 Taliileen burtukaanota 18 qabdi. Burtukaanota 3 yoo nyaattee fi burtukaanota 2 immoo obboleettii isheef yoo kennite, burtukaanota meeqatuu hafaaf?
- 5 Obbo Baalchaan qarshii 85'n qubeessaa fi qarshii 4'n immoo muuzii bitatan. Walumatti obbo Balchaan qarshii meeqa baasan?

1.4 LAKKOOF SOTA DIJII TII LAMAA IRRATTI KAN DIJII TII TOKKOO IDA'UU FI KAN DIJII TII LAMAA IRRAA KAN DIJII TII TOKKOO HIR'ISUU

1.4.1 LAKKOOF SOTA DIJII TII LAMAA IRRATTI KAN DIJII TII TOKKOO HAMBIFANNAAN IDA'UU

Lakkoofsota dijiitii tokkoo fi kan dijiitota lamaa hambifannaan ida'uuf haala fakkeenya armaan gadii hordofuun ni danda'ama.

Fakkeenya 15

Ida'i

$$\begin{aligned}
 \text{a} \quad 29 + 7 &= 20 + 9 + 7 \\
 &= 20 + 16 \\
 &= 20 + 10 + 6 \\
 &= 30 + 6 \\
 &= \underline{36}
 \end{aligned}$$

$$\begin{aligned}
 \text{b} \quad 45 + 8 &= 40 + 5 + 8 \\
 &= 40 + 13 \\
 &= 40 + 10 + 3 \\
 &= 50 + 3 \\
 &= \underline{53}
 \end{aligned}$$

$$\begin{aligned}
 \text{c} \quad 76 + 8 &= 70 + 6 + 8 \\
 &= 70 + 14 \\
 &= 70 + 10 + 4 = \underline{84}
 \end{aligned}$$

$$\begin{aligned}
 \text{d} \quad 54 + 6 &= 50 + 4 + 6 \\
 &= 50 + 10 \\
 &= \underline{60}
 \end{aligned}$$

GILGAALA 1.20

Fakkeenya armaan olii hordofuun kanneen armaan gadii ida'i.

1 $13 + 8 = \underline{\quad}$ 2 $23 + 7 = \underline{\quad}$ 3 $36 + 7 = \underline{\quad}$

4 $48 + 6 = \underline{\quad}$ 5 $56 + 8 = \underline{\quad}$ 6 $67 + 9 = \underline{\quad}$

7 $76 + 6 = \underline{\quad}$ 8 $87 + 8 = \underline{\quad}$ 9 $88 + 9 = \underline{\quad}$

10 $64 + 7 = \underline{\quad}$

Lakkoofsota dijiitota lamaa fi lakkoofsa dijiitii tokkoo walitti ida'uuf gatii bakkaatti gargaaramuu ni dandeenya.

Fakkeenya 16

a $36 + 7 = \underline{\quad}$

1 ^{ffaa} : Dura 6 fi 7 walitti idaana, $6 + 7 = 13$.	K	T	Hambifannaa 36 + 7 <hr/> 43
2 ^{ffaa} : 13 keessa kurna 1 fi tokkee 3tu jiru. Kanaaf gatii bakkaa tokkee keessatti 3 barreessinee, 1 gara mana kudhaniitti fudhannee idaana. Kunis $1 + 3 = 4$.	1		
	3	6	
	+	7	
	<u>4</u>	<u>3</u>	
3 ^{ffaa} : Kanaafuu kurnan 4 fi tokkee 3 qabna.			

b Ida'i: $28 + 2 = \underline{\quad}$

K	T	Hambifannaa 28 + 2 <hr/> 30
1		
2	8	
+	2	
<u>3</u>	<u>0</u>	

c $67 + 7$

Jalqaba gatii tokkee ida'i.

$$7 + 7 = 14$$

= Kudhan 1 + Tokkeewwan 4

Kuran Tokkee

$$\begin{array}{r} \boxed{1} \\ 6 \ 7 \\ + \ 7 \\ \hline 7 \ 4 \end{array}$$

Gatii bakkaa kudhanii ida'i.

$$= 1 + 6 = \text{Kuran } 7$$

GILGAALA 1.21

Kanneen armaan gadii ida'i.

a	$\begin{array}{ c c } \hline \underline{K} & \underline{T} \\ \hline + 1 & 5 \\ \hline & 6 \\ \hline \hline \end{array}$	b	$\begin{array}{ c c } \hline \underline{K} & \underline{T} \\ \hline + 2 & 5 \\ \hline & 8 \\ \hline \hline \end{array}$	c	$\begin{array}{ c c } \hline \underline{K} & \underline{T} \\ \hline + 3 & 6 \\ \hline & 9 \\ \hline \hline \end{array}$
d	$\begin{array}{ c c } \hline \underline{K} & \underline{T} \\ \hline + 4 & 6 \\ \hline & 6 \\ \hline \hline \end{array}$	e	$\begin{array}{ c c } \hline \underline{K} & \underline{T} \\ \hline + 6 & 7 \\ \hline & 7 \\ \hline \hline \end{array}$	f	$\begin{array}{ c c } \hline \underline{K} & \underline{T} \\ \hline + 7 & 8 \\ \hline & 4 \\ \hline \hline \end{array}$
g	$\begin{array}{ c c } \hline \underline{K} & \underline{T} \\ \hline + 8 & 5 \\ \hline & 8 \\ \hline \hline \end{array}$	h	$\begin{array}{ c c } \hline \underline{K} & \underline{T} \\ \hline + 8 & 6 \\ \hline & 9 \\ \hline \hline \end{array}$		

1.4.2 LAKKOOFSOTA DIJITII TOKKOO LAKKOOFSOTA DIJITII LAMAA IRRAA LIQEEFFANNAAN HIR'ISUU

Fakkeenya 17

a $24 - 6$

As irratti yoo gatii bakkaatiin hir'isinne $4 - 6$ jechuu ta'a. Kun ammo hin danda'amu. Mee cirracha 4 qabda haa jennu. Kanarraa cirracha 6 fuudhi. Meeqatu siif hafa? Gareedhaan irratti mari'adhu. Hin danda'amu yoo jettan sirriidha. Kanaafuu haala armaan gadiiti fayyadamna.

$$\begin{aligned} 24 - 6 &= 10 + 10 + 4 - 6 \\ &= 10 + 14 - 6 \text{ (Kudhan 1 fi tokkeen 4, tokkee 14 ta'a)} \\ &= 10 + 8 = \underline{18} \end{aligned}$$

b $96 - 8 = 90 + 6 - 8$

$$\begin{aligned} &= 80 + 10 + 6 - 8 \\ &= 80 + 16 - 8 \\ &= 80 + 8 = \underline{88} \end{aligned}$$

GILGAALA 1.22

Fakkeenya armaan olii hordofuun bakka duwwaa guuti.

1 $28 - 9 = \underline{\quad}$

2 $26 - 8 = \underline{\quad}$

3 $36 - 7 = \underline{\quad}$

4 $32 - 6 = \underline{\quad}$

5 $43 - 5 = \underline{\quad}$

6 $50 - 9 = \underline{\quad}$

7 $54 - 7 = \underline{\quad}$

8 $62 - 5 = \underline{\quad}$

9 $68 - 9 = \underline{\quad}$

10 $72 - 8 = \underline{\quad}$

11 $73 - 5 = \underline{\quad}$

12 $80 - 8 = \underline{\quad}$

13 $84 - 9 = \underline{\quad}$

14 $93 - 5 = \underline{\quad}$

15 $93 - 8 = \underline{\quad}$

16 $34 - 9 = \underline{\quad}$

Gatii bakkaatti fayyadamuun hir'isuunis ni danda'ama.

Fakkeenya 18

a	$\begin{array}{r l} \hline K & T \\ \hline 9 & 2 \\ \hline & 5 \\ \hline \end{array}$	$\begin{array}{r l} \hline T \\ \hline 2 \\ \hline & 5 \\ \hline \end{array}$	<p>2 irraa 5 hir'isuun hindanda'amu.</p> <p>Kunis 5 irra guddaa 2 waan ta'eef.</p> <p>Kanaafuu, kurnan 9 gara kurnan 8 fi tokkeewwan 10tti jijjiirra.</p> <p>Tokkee $10 + 2 =$ tokkee 12</p> <p>Tokkee $12 -$ tokkee 5 = tokkee 7 mana tokkeetti barreessi.</p> <p>8 immoo mana kudhaniitti barreessi.</p>
---	---	---	--

Kurna 1 tokkee 10 ta'uusaa hubadhu. Kanaafuu akka armaan gadiitti taa'a.

$\begin{array}{r l} \hline K & T \\ \hline 1 & \\ \hline 8 & 2 \\ \hline & 5 \\ \hline \end{array}$	\longrightarrow	$\begin{array}{r l} \hline K & T \\ \hline & 10 \\ \hline 8 & 2 \\ \hline & 5 \\ \hline \end{array}$
---	-------------------	--

Amma 10 fi 2 walitti ida'uun 12 barreessi.

$\begin{array}{r l} \hline K & T \\ \hline & 10 \\ \hline 8 & 2 \\ \hline & 5 \\ \hline \end{array}$	\longrightarrow	12	$\begin{array}{r l} \hline K & T \\ \hline & 8 \\ \hline 8 & 12 \\ \hline & 5 \\ \hline & 7 \\ \hline \end{array}$	<p>Kanaafuu</p> <p>92-5=87</p>
--	-------------------	------	--	--

b Hir'isi: $67 - 9 =$ _____

Jalqaba gatii tokkee ilaali.
 $7 < 9$. Kanaafuu 7 irraa 9 hir'isuun hindanda'amu. Gatii kudhanii irraa 1 liqeeffadhu.
 $67 =$ Kurnan 5 + tokkeewwan 17 ta'a.
 $17 - 9 =$ Tokkeewwan 8
 8 mana tokkee keessatti barreessi.

Kurnan Tokkee

$$\begin{array}{r} \boxed{5} \quad \boxed{17} \\ 6 \quad 7 \\ - \quad 9 \\ \hline \boxed{5} \quad \boxed{8} \end{array}$$

Itti aansuun 5 mana kurnaniitti barreessi.

GILGAALA 1.23

Kanneen armaan gadii hir'isi.

1 $\begin{array}{|c|c|} \hline K & T \\ \hline 2 & 4 \\ \hline & 6 \\ \hline \end{array}$

2 $\begin{array}{|c|c|} \hline K & T \\ \hline 2 & 2 \\ \hline & 8 \\ \hline \end{array}$

3 $\begin{array}{|c|c|} \hline K & T \\ \hline 3 & 0 \\ \hline & 2 \\ \hline \end{array}$

4 $\begin{array}{|c|c|} \hline K & T \\ \hline 3 & 1 \\ \hline & 4 \\ \hline \end{array}$

5 $\begin{array}{|c|c|} \hline K & T \\ \hline 4 & 2 \\ \hline & 8 \\ \hline \end{array}$

6 $\begin{array}{|c|c|} \hline K & T \\ \hline 4 & 0 \\ \hline & 5 \\ \hline \end{array}$

$$7 \quad \begin{array}{r|l} K & T \\ - & 5 \quad 2 \\ & 6 \end{array}$$

8

$$\begin{array}{r|l} K & T \\ - & 6 \quad 1 \\ & 3 \end{array}$$

9

$$\begin{array}{r|l} K & T \\ - & 7 \quad 2 \\ & 8 \end{array}$$

=====

=====

=====

$$10 \quad \begin{array}{r|l} K & T \\ - & 7 \quad 6 \\ & 6 \end{array}$$

11

$$\begin{array}{r|l} K & T \\ - & 6 \quad 0 \\ & 8 \end{array}$$

12

$$\begin{array}{r|l} K & T \\ - & 8 \quad 3 \\ & 4 \end{array}$$

=====

=====

=====

$$13 \quad \begin{array}{r|l} K & T \\ - & 9 \quad 5 \\ & 6 \end{array}$$

14

$$\begin{array}{r|l} K & T \\ - & 9 \quad 0 \\ & 6 \end{array}$$

15

$$\begin{array}{r|l} K & T \\ - & 8 \quad 6 \\ & 7 \end{array}$$

=====

=====

=====

$$16 \quad \begin{array}{r|l} K & T \\ - & 6 \quad 2 \\ & 6 \end{array}$$

=====

1.5 LAKKOOF SOTA DIJIITOTA LAMAA HAMBIFANNAA MALEE IDA'UU FI LIQEEFFANNAA MALEE HIR'ISUU

1.5.1 LAKKOOF SOTA DIJIITOTA LAMAA HAMBIFANNAA MALEE IDA'UU

Fakkeenya 19

$$\begin{aligned} \text{a} \quad 42 + 26 &= 40 + 2 + 20 + 6 \\ &= 40 + 20 + 2 + 6 \\ &= 60 + 8 \\ &= \underline{68} \end{aligned}$$

$$\begin{aligned} \text{b} \quad 34 + 63 &= 30 + 4 + 60 + 3 \\ &= 30 + 60 + 4 + 3 \\ &= 90 + 7 \\ &= \underline{97} \end{aligned}$$

GILGAALA 1.24

Fakkeenya armaan olii hordofuun kanneen armaan gadii ida'i.

$$1 \quad 25 + 34 = \underline{\quad}$$

$$2 \quad 33 + 24 + 41 = \underline{\quad}$$

$$3 \quad 81 + 15 = \underline{\quad}$$

$$4 \quad 72 + 24 = \underline{\quad}$$

$$5 \quad 43 + 56 = \underline{\quad}$$

$$6 \quad 45 + 54 = \underline{\quad}$$

$$7 \quad 50 + 49 = \underline{\quad}$$

$$8 \quad 38 + 41 + 10 = \underline{\quad}$$

$$9 \quad 14 + 13 + 22 = \underline{\quad}$$

$$10 \quad 83 + 16 = \underline{\quad}$$

Yaadrimee gatii bakkaa lakkoofsotaatti fayyadamuun, lakkoofsota dijiitota lamaa ida'uunis ni danda'ama.

Fakkeenya 20

$$1 \quad \text{Ida'i: } 35 + 24 = \underline{\quad}$$

$$\begin{array}{r|l}
 K & T \\
 + & 3 \quad 5 \\
 & 2 \quad 4 \\
 \hline
 & 5 \quad 9 \\
 \hline
 \end{array}$$

Dursa tokkeewwan walitti ida'i.

$$5 + 4 = 9.$$

Itti aansuun kurnan walitti ida'i.

$$3 + 2 = 5.$$

Kanaafuu,

$$35 + 24 = 59$$

2 Ida'i: $21 + 46 = \underline{\hspace{2cm}}$

$$\begin{array}{r|l}
 K & T \\
 + & 2 \quad 1 \\
 & 4 \quad 6 \\
 \hline
 & 6 \quad 7 \\
 \hline
 \end{array}$$

Dursa tokkeewwan walitti ida'i.

$$1 + 6 = 7$$

Itti aansuun kurnan walitti ida'i.

$$2 + 4 = 6$$

Kanaafuu,

$$21 + 46 = 67$$

GILGAALA 1.25

Kanneen armaan gadii ida'i.

1

$$\begin{array}{r}
 45 \\
 +33 \\
 \hline \\
 \hline
 \end{array}$$

2

$$\begin{array}{r}
 53 \\
 +26 \\
 \hline \\
 \hline
 \end{array}$$

3

$$\begin{array}{r}
 38 \\
 +41 \\
 \hline \\
 \hline
 \end{array}$$

4

$$\begin{array}{r}
 43 \\
 +56 \\
 \hline \\
 \hline
 \end{array}$$

5

$$\begin{array}{r}
 84 \\
 +13 \\
 \hline \\
 \hline
 \end{array}$$

6

$$\begin{array}{r}
 63 \\
 +15 \\
 \hline \\
 \hline
 \end{array}$$

	72		68		80
7	<u>+25</u>	8	<u>+11</u>	9	<u>+10</u>
	====		====		====
	25		75		38
10	<u>+14</u>	11	<u>+21</u>	12	<u>+41</u>
	====		====		====

1.5.2 LIQEEFANNAA MALEE LAKKOOFSA DIIJITOTA LAMAA WALIRRAA HIR'ISUU

Lakkoofsota dijiitota lamaa walirraa hir'isuuf gatii bakkaatti gargaaramna. Tooftaa kana shaakaluuf fakkeenya armaan gadii sirriitti ilaali.

Fakkeenya 21

Gatii bakkaatti gargaaramuun hir'isuu

a Hir'isi: $46 - 32 =$ _____

	<u>K</u>	<u>T</u>
—	4	6
	3	2
	<u>1</u>	<u>4</u>

Tokkeewwan walirraa hir'isi.

$$6 - 2 = 4.$$

Kurnan walirraa hir'isi.

$$4 - 3 = 1.$$

Kanaafuu

$$46 - 32 = 14$$

b Hir'isi: $87 - 43 =$ _____

<i>K</i>	<i>T</i>
8	7
4	3
4	4

Tokkeewwan walirraa hir'isi.

$$7 - 3 = 4.$$

Kurnan walirraa hir'isi.

$$8 - 4 = 4.$$

Kanaafuu

$$87 - 43 = 44$$

GILGAALA 1.26

Kanneen armaan gadii hir'isi.

	25		36		43
1	<u>-14</u>	2	<u>-24</u>	3	<u>-32</u>
	=====		=====		=====
	58		49		63
4	<u>-23</u>	5	<u>-13</u>	6	<u>-42</u>
	=====		=====		=====
	68		76		73
7	<u>-55</u>	8	<u>-56</u>	9	<u>-12</u>
	=====		=====		=====

	83		86		45
10	<u>-72</u>	11	<u>-63</u>	12	<u>-14</u>
	=====		=====		=====
	95		97		75
13	<u>-14</u>	14	<u>-14</u>	15	<u>-14</u>
	=====		=====		=====

GILGAALA 1.27

Pirobileemota jechaa armaan gadii furi.

- 1 Aadde Toltuun biqiltuu 63 dhaabani. Ilmi isaanii immoo biqiltuu 35 dhaabe. Walumatti Aadde Toltuu fi ilmi isaanii biqiltuu meeqa dhaabani?
- 2 Obbo Caalaan ji'a ji'aan qarshii qusatu. Hammi isaan qusatan gabatee armaan gadii irrati ibsameera.

Ji'a	Baay'ina Qarshii Qusatamee
Fulbaana	23
Onkoloolessa	21
Sadaasa	27
Mudde	35

- a Obbo Caalaan ji'a kam qarshii baayyee kaawwatan?
- b Ji'a kam qarshii xiqqoo kaawwatan?
- c Ida'amni qarshii Obbo Caalaan ji'oota Fulbaanaa, Onkoloolessaa fi Mudde keessatti kaawwatan qarshii meeqa?
- d Qarshiin Obbo Caalaan ji'a Sadaasaa kaawwatan kan Ji'a Fulbaanaa kaawwatan meeqaan caala?

- e Qarshiin Obbo Caalaan ji'a Muddee kaawwatan kan ji'a Onkoloolessaa kaawwatan meeqaan caala?
- 3 Kadiir re'oota 46 qaba ture. Re'oota 12 yoo gurgurate, re'oota meeqatu hafaaf?
- 4 Roobaleen qarshii 62 qaba. Abbaan isaa qarshii 36 yoo dabalaniif, Roobaleen qarshii meeqa godhata?
- 5 Foziyaan burtukaanota 36 qabdi. Burtukaanota 22 yoo gurguratte, burtukaanota meeqatu hafaaf?

1.6 LAKKOOF SOTA DIJIITOTA LAMA LAMAA HAMBIFANNAAN IDA'UU FI LIQEEFFANNAAN HIR'ISUU

1.6.1 LAKKOOF SOTA DIJIITOTA LAMA LAMAA HAMBIFANNAAN IDA'UU

Amma ammatti lakkoofsota dijiitota lama lama qaban hambifannaa malee ida'uu shaakaltee jirta. Amma immoo hambifannaa waliin ida'uu baratta.

Fakkeenya 22

$$\begin{aligned}
 \text{a} \quad 17 + 26 &= 10 + 7 + 20 + 6 \\
 &= 10 + 20 + 7 + 6 \\
 &= 10 + 20 + 13 \\
 &= 10 + 20 + 10 + 3 \\
 &= 40 + 3 \\
 &= \underline{43}
 \end{aligned}$$

$$\begin{aligned}
 \text{b} \quad 78 + 15 &= 70 + 8 + 10 + 5 \\
 &= 70 + 10 + 8 + 5 \\
 &= 70 + 10 + 13 \\
 &= 70 + 10 + 10 + 3 \\
 &= 90 + 3 \\
 &= \underline{93}
 \end{aligned}$$

GILGAALA 1.28

Haala fakkeenya armaan oliitiin ida'i.

1 $16 + 27 = \underline{\quad}$

2 $47 + 36 = \underline{\quad}$

3 $56 + 34 = \underline{\quad}$

4 $77 + 14 = \underline{\quad}$

5 $63 + 19 = \underline{\quad}$

6 $76 + 15 = \underline{\quad}$

7 $26 + 28 + 17 = \underline{\quad}$

8 $15 + 19 + 29 = \underline{\quad}$

9 $65 + 17 = \underline{\quad}$


10 $42 + 38 = \underline{\quad}$

Yaadrimee gatii bakkaatti fayyadamuunis lakkoofsota dijiitota lama lama qaban walitti ida'uun ni danda'ama.


Fakkeenya 23

Gatii bakkaatti gargaaramuun ida'uu

a $46 + 38 = \underline{\quad}$



b $53 + 29 = \underline{\hspace{2cm}}$



GILGAALA 1.29

Kanneen armaan gadii ida'i.

1	46 +17 ==	2	65 +28 ==	3	69 +28 ==
4	73 +19 ==	5	27 +23 ==	6	67 +13 ==
7	56 +27 ==	8	58 +27 ==	9	37 +29 ==

1.6.2 LAKKOOF SOTA DIJIITOTA LAMA LAMA QABAN LIQEEFFANNAAN HIR'ISUU

Lakkoofsota dijiitota lama lama qaban liqeeffannaan walirraa hir'isuuf tooftaa armaan gadiitti fayyadamna.

Fakkeenya 24

Gatii bakkaatti gargaaramuun hir'isi.

a $94 - 77 = \underline{\hspace{2cm}}$

Jalqaba gatii tokkee ilaali.

$4 < 7$. Kanaafuu 4 irraa 7 hir'isuun hindanda'amu.

- 1 Gatii kudhanii irraa 1 liqeeffadhu.
- 2 $94 =$ Kurnan 8 + tokkeewwan 14 ta'a.
- 3 $14 - 7 =$ Tokkeewwan 7
- 4 7 gatii bakkaa tokkee keessatti barreessi.

Kurnan Tokkee

$\boxed{8} \quad \boxed{14}$

~~8~~ ~~14~~

$- \underline{7 \quad 7}$

$\underline{1 \quad 7}$

$\uparrow \quad \uparrow$

Itti aansuun $8 - 7 = 1$ gatii bakkaa kurnaniitti barreessi.

b $43 - 29 = \underline{\hspace{2cm}}$

$$\begin{array}{r} 43 \\ -29 \\ \hline 14 \end{array}$$

Kurna 1 gara tokkeewwan 10tti dabarfanna.

$$3 + 10 = 13$$

$13 - 9 = 4$. Kanaafuu tokkeewwan 4 arganna. Kudhan 1 waan liqeeffanneef, kurnan 3tu nuuf hafa. $3 - 2 = 1$. Mana kurnaatti barreessina.

GILGAALA 1.30

Kanneen armaan gadii hir'isi.

$\begin{array}{r} 93 \\ - 89 \\ \hline \end{array}$	$\begin{array}{r} 31 \\ - 24 \\ \hline \end{array}$	$\begin{array}{r} 85 \\ - 38 \\ \hline \end{array}$
=	=	=
$\begin{array}{r} 30 \\ - 21 \\ \hline \end{array}$	$\begin{array}{r} 21 \\ - 17 \\ \hline \end{array}$	$\begin{array}{r} 77 \\ - 69 \\ \hline \end{array}$
=	=	=
$\begin{array}{r} 52 \\ - 36 \\ \hline \end{array}$	$\begin{array}{r} 92 \\ - 34 \\ \hline \end{array}$	
=	=	

Lakkoofsota lama walirraa hir'isitee sirrii ta'uu kee hir'isaa fi caalmaa ida'uudhaan mirkaneeffadhu. Kanaaf immoo fakkeenya armaan gadii sirritti ilaali.

Fakkeenya 25

- a $94 - 37 = 57$, sababni isaa $57 + 37 = 94$
- b $27 - 18 = 9$, sababni isaa $9 + 18 = 27$
- c $65 - 38 = 27$, sababni isaa $27 + 38 = 65$

GILGAALA 1.31

Bakka duwwaa armaan gadii guuti.

- 1 $53 - \underline{\quad} = 36$ sababni isaa $\underline{\quad} + 36 = 53$
- 2 $42 - \underline{\quad} = 26$ sababni isaa $\underline{\quad} + 26 = 42$
- 3 $75 - \underline{\quad} = 49$ sababni isaa $\underline{\quad} + 49 = 75$

4 $36 - \underline{\quad} = 17$ sababni isaa $\underline{\quad} + 17 = 36$

5 $94 - \underline{\quad} = 18$ sababni isaa $\underline{\quad} + 18 = 94$

6 $41 - \underline{\quad} = 23$ sababni isaa $\underline{\quad} + 23 = 41$

1.7 PIROBLEEMOTA JECHAA IDA'UU FI HIR'ISUU HAMMA 100TTI OF KEESSAA QABAN

Pirobileemonni hir'isuu deebii hinqabne jiru. Kanaaf immoo fakkeenya armaan gadii ilaali.

Fakkeenya 26

- a Hawwiin qarshii 18 qabdi. Qarshii 22'n lukkuu yoo bitatte, qarshii meeqatu hafaaf?

Deebii

Hir'isuun kun furmaata hinqabu. Kunis qarshii 18 irraa qarshii 22 hir'isuun waan hindanda'amneef.

b $27 - 36 = \underline{\quad}$

Deebii:

Pirobileemiin kunis lakkoofsota hundaa keessatti furmaata hinqabu.

GILGAALA 1.32

Pirobileemota armaan gadiif deebii barbaadi.

- 1 Obbo Mohaammad daldaluuf burtukaanota 76 bitan. Kana keessaa burtukaanota 28 yoo gurguratan, burtukaanota meeqatu hafaaf?
- 2 Aadde Leenseen re'ee qarshii 75ttii fi lukkuu qarshii 20tti gurguratan. Walitti qarshii meeqatti gurguratan?

3 *Gabateen armaan gadii baay'ina barattoota mana barumsa sadarkaa tokkoffaa tokkoo mul'isa.*

Kutaa	Baay'ina Barattootaa
1 ^{ffaa}	45
2 ^{ffaa}	37
3 ^{ffaa}	43
4 ^{ffaa}	39

- a** Baay'inni barattoota kutaa 1^{ffaa} fi 2^{ffaa} walitti meeqa?
- b** Baay'inni barattoota kutaa 1^{ffaa} kan kutaa 4^{ffaa} meeqaan caala?
- c** Ida'amni barattoota kutaa 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} meeqa?
- d** Baay'inni barattoota kutaa 3^{ffaa} kan kutaa 2^{ffaa} meeqaan caala?
- 4** Abdallaan qarshii 36 qaba. Qarshii 17 abbaasaa fi qarshii 16 obboleessi isaa dabalaniifii jiru. Walitti Abdallaan qarshii meeqa qaba?

5 *Najaat, Dureettiinii fi Boontuun biqiltoota baay'inni isaa gabatee armaan gadii irratti kenname dhaabani.*

Maqaa	Baay'ina Biqiltootaa
Boontuu	38
Najaat	47
Dureettii	29

- a** Biqiltoonni Boontuu fi Najaat dhaaban meeqa?
- b** Biqiltoonni Boontuu fi Dureettiin dhaaban walitti meeqa?
- c** Biqiltoonni Najaat fi Dureettiin dhaaban walitti meeqa?
- d** Biqiltoonni Najaat dhaabde kan Boontuun dhaabde meeqaan caala?
- e** Biqiltoonni Najaat dhaabde kan Dureettiin dhaabde meeqaan caala?
- f** Biqiltoonni Boontuun dhaabde kan Dureettiin dhaabde meeqaan caala?

Boqonnaa

2

$$99 \quad 20 \div 4 = 5$$
$$49 \div 7 = ?$$
$$6 \times 3 = 18$$

1 2


BAAY'ISUU FI HIRUU HAMMA 100TTI

2.1 KEESSA DEEBII HAMBIFANNAA MALEE 2 FI 10'N BAAY'ISUU FI HAFTEE MALEE 2 FI 10'F HIRUU

2.1.1 KEESSA DEEBII HAMBIFANNAA MALEE 2 FI 10'N BAAY'ISUU

GOCHA 2.1

1



- Saanduqa keessa muuzota meeqatu jira?
- Lama lamaan osoo gareedhaan kaa'amani garee meeqa ta'u?
- Baay'ina garee yoo baay'ina muuzota garee keessa jiraniin baay'iste meeqa argatta?

Gocha armaan olii irraa kanneen armaan gadii hubadhu.


$$2 + 2 + 2 + 2 = 2 \times 4 = 8$$

Yommuu dubbifnu “*lama si’a afur ni ta’a saddeet*” jenneeti.

- 2 Obbo Tolaan mukoota kudhan kudhaniin hidhaman lama yoo qabaatan, walitti mukoota meeqa qabu?

$$10 + 10 = 20, \quad 10 \times \underline{\quad} = \underline{20}$$

Lakkoofsota 2'n baay'isuu hubachuuf fakkiiwwan armaan gadii xiinxali.



	<p>Saawwan garee lamaan jiru.</p> <p>Garee tokko keessa saawwan 2 tu jiru. Kanaafuu, saawwan</p>
	<p>2 x 2 tu jiru jechuudha.</p> <p>Baay'inni isaanii immoo 4.</p> <p>Kanarraa</p> <p>2 x 2 = 4, 2 x 2 = 2 + 2</p>
	<p>Burtukaanonni garee lamaan jiru. Gareen tokko keessa burtukaanota 3 qabna. Walitti immoo 6tu jira.</p>
	<p>Kanaafuu, 3 x 2 jechuun 3 + 3 jechuudha.</p> <p>Kanaaf, 3 x 2 = 6</p>

		<p>Peennaan garee lamaan kaa'amuu isaanii hubadhu.</p> <p>Garee tokko keessa peennaa 7 tu jira.</p> <p>Kanaaf, baay'inni peennaa 7×2 ta'a.</p> <p>Kunis peennaa 14 ta'a.</p> <p>Kanaafuu, $7 \times 2 = 7 + 7 = 14$.</p>
		
		
		
		
		
		

Hubadhu

$$7 \times 2 = 14 \text{ keessatti}$$

- 7 fi 2 hirmaatoota 14ti.
- 14 baay'ataa jedhama.

Fakkeenya 1

10'n Baay'isuu

a $10 \times 4 =$ _____

Deebii:

$$10 \times 4 = 10 + 10 + 10 + 10 = 40.$$

Kanaafuu $10 \times 4 = 40$

b $10 \times 5 =$ _____

Deebii:

$$10 \times 5 = 10 + 10 + 10 + 10 + 10 = 50.$$

Kanaafuu, $10 \times 5 = 50$

GILGAALA 2.1

1 *Himoota armaan gadii hirmaatootaa fi baay'atoota jechuun addaan baasii barreessi.*

- a $2 \times 3 = 6$ keessatti, 2 fi 3 hirmaatoota 6 immoo baay'ataadha.
- b $2 \times 5 = 10$ keessatti, ___ fi ___ hirmaatoota ___ immoo baay'ataa dha.
- c $4 \times 2 = 8$ keessatti, ___ fi ___ hirmaatoota ___ immoo baay'ataa dha.
- d $6 \times 2 = 12$ keessatti, ___ fi ___ hirmaatoota ___ immoo baay'ataa dha.
- e $9 \times 2 = 18$ keessatti, ___ fi ___ hirmaatoota ___ immoo baay'ataa dha.

2 *Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.*


×	2	3	4	5	6	7	8	9	10	11	12
2		6				14			20		
10			40						100		

2.1.2 KEESSA DEEBII HAFTEE MALEE 2 FI 10'F HIRUU

2'f Hiruu

GOCHA 2.2

Barsiisaa Fayyisaan kubboota 12 bakka wal qixa lamatti yoo qoodan meeqa meeqa ga'a?




Gocha kana irraa kan hubannu 6 si'a lama, 12 ta'uu isaati.

$$6 \times 2 = 12 \text{ waan ta'eef } 12 \div 2 = 6$$

Fakkeenya 2

- a $6 \div 2 = \underline{\hspace{2cm}}$ argachuuf danaa armaan gadii ilaali.



- b $8 \div 2 = \underline{\hspace{2cm}}$ ta'a. Kana hojjechuuf haala armaan gadiitti fayyadamuun ni danda'ama. Kunis, 2 irra deddeebi'uun hir'isuun argama. Si'a meeqa akka hir'iste lakkaa'uun deebii argatta:-

$$8 - 2 = 6$$

$$6 - 2 = 4$$

$$4 - 2 = 2$$

$$2 - 2 = 0$$

Si'a 4 waan hir'isteeff $8 \div 2 = 4$ jenna.

Hubadhu:

Hiruu jechuun irra deddeebi'anii hir'isuu jechuudha.

GILGAALA 2.2

1 *Bakka duwwaa armaan gadii guuti.*

a $10 \div 2 = \underline{\hspace{2cm}}$ b $12 \div 2 = \underline{\hspace{2cm}}$ c $30 \div 2 = \underline{\hspace{2cm}}$

d $16 \div 2 = \underline{\hspace{2cm}}$ e $18 \div 2 = \underline{\hspace{2cm}}$ f $20 \div 2 = \underline{\hspace{2cm}}$

g $22 \div 2 = \underline{\quad}$ h $24 \div 2 = \underline{\quad}$ i $26 \div 2 = \underline{\quad}$
 j $28 \div 2 = \underline{\quad}$

2 Gabatee hiruu armaan gadii guuti.

÷	2
14	7
32	
34	
36	
38	
40	
42	
44	
46	
48	
50	
52	
54	

10f Hiruu

Lakkoofsota hundaa 10f hiruu sirritti hubachuuf fakkeenya armaan gadii ilaali.

Fakkeenya 3

a $20 \div 10 = \underline{\quad}$

Deebii

$$20 - 10 = 10$$

$$10 - 10 = 0$$

Si'a 2 waan hir'isneef $20 \div 10 = 2$

Yookiin danaa armaan gadii sirriitti hubadhu.

		<p>Dungoowwan bakka meeqatti akka qoodaman ibsi.</p> <p>Bakka walqixa 10tti qoodameera. Gareen hunduu 2 of keessaa qabu.</p> <p>Kanaafuu, $20 \div 10 = 2$</p>
--	--	---

b $30 \div 10 = \underline{\quad}$

Deebii:

Irra deddeebinee hir'isuun haa hojjenu.

$$30 - 10 = 20$$

$$20 - 10 = 10$$

$$10 - 10 = 0$$

Si'a 3 waan hir'isneef, $30 \div 10 = \underline{3}$

GILGAALA 2.3

Bakka duwwaa armaan gadii guuti.

1 $40 \div 10 = \underline{\quad}$

2 $50 \div 10 = \underline{\quad}$

3 $60 \div 10 = \underline{\quad}$

4 $70 \div 10 = \underline{\quad}$

5 $80 \div 10 = \underline{\quad}$

6 $90 \div 10 = \underline{\quad}$

2.2 0 FI 1'N BAAY'ISUU FI 1'F HIRUU

2.2.1 0 FI 1'N BAAY'ISUU

Fakkeenya 4

a $0 \times 3 = 0$

b $4 \times 0 = 0$

c $5 \times 0 = 0 \times 5 = 0$

d $10 \times 0 = 0 \times 10 = 0$

*H*ubadhu

Lakkoofsa hundaa kamiyyuu 0'n yoo baay'ifne 0 ta'a.

GILGAALA 2.4

1 *Bakka duwwaa armaan gadii guuti.*

a $6 \times 0 = \underline{\quad}$

b $7 \times 0 = \underline{\quad}$

c $8 \times 0 = \underline{\quad}$

d $12 \times 0 = \underline{\quad}$

e $20 \times 0 = \underline{\quad}$

f $24 \times 0 = \underline{\quad}$

g $19 \times 0 = \underline{\quad}$

h $45 \times 0 = \underline{\quad}$

i $87 \times 0 = \underline{\quad}$

j $92 \times 0 = \underline{\quad}$

2 *Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.*

×	13	21	35	37	43	46	52	68	72	96
0	0				0				0	

Fakkeenya 5



Urjiiwwan 6 garee tokko keessa jiru. Baay'inni isaanii immoo 6.

Kanaafuu, $6 \times 1 = 6$



Lukkuuwwan 8 garee tokko keessa jiru. Kanaafuu,

$$8 \times 1 = 8$$

Hubadhu

Lakkoofsi hundaa kamiyyuu yoo 1'n baay'ate, firiin isaa lakkoofsichuma sana ta'a.

GILGAALA 2.5

a Bakka duwwaa armaan gadii guuti.

1 $2 \times 1 = \underline{\quad}$

2 $9 \times 1 = \underline{\quad}$

3 $17 \times 1 = \underline{\quad}$

4 $20 \times 1 = \underline{\quad}$

5 $24 \times 1 = \underline{\quad}$

6 $32 \times 1 = \underline{\quad}$

7 $36 \times 1 = \underline{\quad}$

8 $49 \times 1 = \underline{\quad}$

9 $53 \times 1 = \underline{\quad}$

10 $67 \times 1 = \underline{\quad}$

b Gabatee baay'isuu armaan gadii guuti.

×	1	2	8	12	15	26	29	33	37	42	48
0		0							0		
1						26				42	
2				24				66			

2.2.2 1'F HIRUU

Fakkeenya 6

a $3 \div 1 = \underline{\quad}$. Bakka duwwaa keessatti meeqa barreessina? Mee gareedhaan irratti mari'adhaa. Deebiin isaa akka armaan gadiitti argama.



Qurxummoonni 3 garee tokko keessa jiru. Kanaafuu, 3 tokkoof yoo qoodne 3 ta'a. Kanaafuu, $3 \div 1 = 3$.

Yookiin irra deddeebinee hir'isuun argachuun ni daanda'ama.

$$3 - 1 = 2 \quad \text{☞} \quad 2 - 1 = 1 \quad \text{☞} \quad 1 - 1 = 0$$

Si'a 3 waan hir'isinneef, $3 \div 1 = 3$.

b $4 \div 1 = \underline{\quad}$ hojjechuuf immoo danaa armaan gadii hubadhu.

	=	
$4 \div 1$	=	4

Yookiin haala armaan gadiitti fayyadamuu ni dandeenya.

$$4 - 1 = 3 \quad \text{☞} \quad 3 - 1 = 2 \quad \text{☞} \quad 2 - 1 = 1 \quad \text{☞} \quad 1 - 1 = 0$$

Si'a 4 waan hir'isinneef $4 \div 1 = 4$ ta'a.

c $7 \div 1 = \underline{\quad}$

Deebii:

$$7 - 1 = 6 \quad \text{☞} \quad 6 - 1 = 5 \quad \text{☞} \quad 5 - 1 = 4 \quad \text{☞}$$

$$4 - 1 = 3 \quad \text{☞} \quad 3 - 1 = 2 \quad \text{☞} \quad 2 - 1 = 1 \quad \text{☞} \quad 1 - 1 = 0$$

Si'a 7 waan hir'isinneef $7 \div 1 = 7$.

Hubadhu

Lakkoofsa hundaa tokko yoo 1'f hirre, firiin isaa lakkoofsichuma san ta'a.

GILGAALA 2.6

1 *Bakka duwwaa armaan gadii guuti.*

a $8 \div 1 = \underline{\quad}$

b $12 \div 1 = \underline{\quad}$

c $15 \div 1 = \underline{\quad}$

d $24 \div 1 = \underline{\quad}$

e $29 \div 1 = \underline{\quad}$

f $32 \div 1 = \underline{\quad}$

g $39 \div 1 = \underline{\quad}$

